Meeshaalee Sabqunnamtii

Afaan Oromoo

Kutaa 4

Torban 24

Levelled



Meeshaalee Sabqunnamtii

Afaan Oromoo

Kutaa 4

Torban 24

Leveled



Kitaabni deggarsaa kun gargaarsa maallaqaa ‘USAID’ irraa argameen Dhabbata ‘Save the Children’ fi Biiroo Barnoota Oromiyaa Wajjin qophaa’ee kan maxxanfamedha.

Bara 2009/2017

Yaadannoo gabaabaa maatiifi barsiistotaaf

- Yaadannoon kun akkaataa ati barreeffama kitaaba dabalataa kanarraatti dhiyaate barattoota kee ittiin dubbisuu shaakalsiistu siif dhiyaate.

- Osoo gara dubbisaa hinseenin dura gaaffiilee dubbisa duraa akka barattoonni irraatti mari'atan taasisi. Kanaanis yaada isaanii gara mata duree dubbisichaatti akka fidatan, muuxannoo isaaniis akka walyaadachiisan taasisi.

- Itti aansuun, barattoota rakkoo dubbisuu qabaniif gargaarsa taasisuun akka isaan dubbisan taasisi.

- Dhumarratti, gaaffiilee dubbisuun boodaa akka isaan hojjetan taasisi. Haala kanaanis dubbisanii ergaa barreeffamichaa akka hubataniifi akka madaalan taasisi.

Gaaffiile dubbisaan duraa

1. Meeshaan subgunnamtii maalfa'i?

2. Namoonni magaalaafi baadiyyaa meeshaalee akkamiitti fayyadamu?

3. Faayidaan meeshaalee subgunnamtii maali?

Boqonnaa 1: Meeshaalee Sabquunnamtii



Meshaaleen sabqunnamtii heduudha. Isaan keessaa muraasni televizyinii, raadiyoofi mobaayiliidha. Duraan meeshaalee sabquunnamtii kanatti baay'inaan kan fayyadaman uummata magaalaa jiraatan qofa ture.

Qabanni isaas baroota darban keessatti barumsi waan hinbabal'annef, odeeffannoottis dhiyoo kan turan warra magaalaawaan ta'eefi. Warri baadiyaa garuu, gara magaalaa dhufuuf carraan isaan qaban dhiphaa ture. Kun ammoo akka isaan meeshaalee sabqunnamtii kamatti hinfayyadamne danqaa itti ta'ee ture jechuudha.

Fayyadamuu dadhabuu gafa osro hintaane maqaa meeshaale samaallee akka wallaalan godueera

Amma garuu uummanni baadiyyaa jiraatanis televizyinii, raadiyoofi mobaayiliitti fayyadamaa jiru. Xiqqaafi guddaan meeshaalee sabquunnamtiitti madaqee jira. Mobaayilii ijoollees ta'e namni guddaan kiisii isaaniitti baatnii yaahu. "Baachuu qofa osoo hintaane, akkaataa itti fayyadamanille haalaan beekes.

Kun ammoo jijjiirama gama barnootaafi hawaasaatiin taasifamaa jiru bu'uureffata. Akkuma barumsi babal'achaa dhufeen daandiiwwan konkolaataa gara baadiyyaatti bahuu eegalan. Kun ammoo uummanni magaalaa akka gara baadiyaa deemu taasise. Warra duraan waa'ee baadiyyaa hinbeekne'baadyyaa barsiise jechuudha.

Adeemsi uummata magaalaa gara baadiyaatti taasisanis meeshaalee sabquunnamtii geessanii akka baadiyyaatti gurguratan gargaare. Haala kanaan, uummanni magaalaa daandiiwwan bahanirra meeshaalee akka telvizyinii, raadiyoofi mobaayilii konkolaataatti fe'anii baadiyaa geessuu eegalan Meeshaalee kanas kan akaakuu garaagaraa baadiyyaaf dhiyeessuu itti fufan. Akka fakkeenyaatti Obbo Siikkoo jiraataa Magaalaa Shaashamannee fudhachuun nidanda'ama. Obbo Siikkoon daldalaa meeshaalee sabquunnamtiiti. Magaalicha keessaas suuqii meeshaan kun itti gurguramu qaba. Suuqiin isaa kan ammoo bal'aa waan ta'ee, meeshaa subqunmtii hedduu keessa kaa'uuf mijataadha.

Daldalaan kun kan magaalicha keessatti gurguru caalaa meeshaalee gabaa baadiyaatti geessee gurguraturraa bu'aa guddaa argata. Gabaan baadiyyaa inni itti geessu meeshaalee sabqunnamtii gurguru keessaa tokko Godina Arsii Lixaa, Ganda Aleeluu Iluu keessatti kan argamtu Gabaa Korreetti.

Obbo Siikkoon meeshaa isaa gara gabaa baadiyaatti kan geessu konkolaataa isaatiini. Guyyaa gabichaa ganamaan ka'ee hunda dura gabichatti argama. Meeshaalee sabqunnamtii kanas lafa laastikiirra afee gurgura. Gabaanis achitti itti gobbitee bitatti. Yeroo bitatanis ta'ee, yeroo inni itti gurguru hunduu dabareed haan keessumueessamu. Hanga tokko bitatee bahutti gariin nieeggatu jechuudha.

Boqonnaa 2: Daldala Meeshaalee Sabqunnamtii



Namoonni baadiyyaas warra magaalaadhaa gabaa isaanii dhufan waliin walbaruu eegalan. Kun ammoo namoonni baadiyyaa jiraatan kanneen magaalaa Jiraatan wojjin hidhata guddaa akka uummatan taasise. Uummanni magaalaas waan qabu itti gurguree waan hinqabne ammoo irraa bitachuu itti fufe.

Haalli kun ammoo namoota magaalaa jiraatan irraa meeshaalee isaan gara baadiyyaa geessan bitachuu qofaan akka hindangeffamne taasise. Kanneen baadiyyaa jiraatanis magaalaa geessanii oomisha isaanii akka gurguratanniifi kan achi jirus akka bitataniif karaa saaqe. Haala kanaan, meeshaaleen sabqunnamtii kanneen akka televizyinii, mobaayiliifi raadiyoos bitatanii galuun itti fufe.

Namoota oomisha isaanii magaalaa geessanii gurguruun meeshaa sabquunnamtii bitatan keessaa namoota ganda Aleeluu Iluu fudhachuu dandeenya. Namoota gandichaa keessaa Obbo Bulbuloo, Aadde Bunguleefi Obbo Tibbeessoon fakkeenya gaarii ta'u. Sadan isaaniiyyuu waan magaalaa geessanii gurguranis ta'e waan bitatanii galan harreetti fe'atu.

Yeroo baay'ee ammoo waliin deemu. Jiraattota ganda Aleeluu Iluu kana keessaa Tibbeessoon daldalaadha. Innis xaafii, qamadiifi boqqolloo qonnaan bultoota gandichaarraa bituun harreedhaan magaalicha geessee gurgura.

Qarshii gurgurtaa midhaanii kanarraa argatuun ammoo meeshaalee sabquunnamtii kan gosa adda addaa bita. Sana booda, gabaa Kurree fa'itti geessee gurgura. Gabaan Kurrees ta'e namoonni gabicha dhaabatan Obbo Tibbeessoon haalaan waan beekaniif isarraa malee bituu didan.

Kun ammoo akka inni daddafee meeshaalee sana bite dhiyeessuuf hamilee isaa kakaase. Meeshaa sabquunnamtii inni altokko fidu gabaa lamayyuu utuu hinturin gurguramu. Kanaafuu, ammaa amma deddeebi'ee fiduu eegale.

Akka inni gabaa qabu arguun Obbo Siikkoo, Obbo Tibbeessootti shariike. Sana booda, lamaan isaaniiyyuu karaa ittiin walfayyadanii fayyadaman mijeeffatan. Kunis Obbo Siikkoon konkolaataa isaatti fe'ee gara gabichaatti fiduuf waadaa gale. Waadaa isaa kanas akka hincabsine cimsee dubbate.

Obbo Tibbeessoon ammoo achuma taa'ee gurguruuf waadaa gale. Kanatti aansuun Obbo Siikkoofi Obbo Tibbeessoon haala salphaadhaan mobaayilii, televizyiiniifi raadiyoonii gabaadhaaf dhiyeessan. Namoonnis ijoolleerraa hanga jaarsaatti mobaayilii bitanii qabachuu eegalan. Kaan ammoo telvizyiiniis manatti galchatan. Oduu luayitaawaa televizyiiniirraa dhaga'anis bilbitanii walitti himuun bohaaran.

Boqonnaa 3: Telvizyiiniifi Mobaayilii Obbo Bulbuloo

Obbo Bulbuloofi Aadde Bunguleen qonnaan bultoota. Qonnaan bultoonni kunis midhaan dhiibanii galchuun namoota nannawaa isaanii biratti beekamu. Akaakuun midhaanii isaan oomishanis hedduudha. Heddummina isaaniirraa

kan ka'e qodaan itti naqan hundiquutee obdiirratti walitti qabu. Haala kanaan alliifi manni isaanii midhaaniin quute.

Isaan keessaas, midhaan dheedhiifi midhaan biilaa maqaa dha'uun nidanda'ama. Midhaan dheedhii keessaa kanneen akka baaqelaa boqqooloo oomishu. Sirolleen isaani boqqolloo waadanii, baaqdaa dheedhii isaa nyaatu. Midhaan biilaa keessaa ammoo kanneen akka qamadiifi garbuus oomishu.

Obbo Bulbuloofi Aadde Bunguleen midhaan isaanii magaalaa geessanii gurgurachuu eegalan. Gaaf tokko, Obbo Bulbuloon qamadii harroota lamatti fe'atee Magaalaa Shaashamannee deeme. Magaalichattis qamadii isaa sana gurgurate.

Maallaqa qamadii itti gurgurate sanaanis televizyiiniifi mobaayilii bitate. Televizyiiniifi mobooyiliin isheen bitte warra sadarkaa tokkoffaarra jiranidha. Kanaafuu qulqullinni isaanii amansiisaadha.

Obbo Bulbuloon televizyiinicha harree isaatti fe'atee gara manaatti qajeele. Mobaayilii isaatiin ammoo firoota isaa magaalaa Adaamaa jiraniif bilbilee nageenyaa isaafi kan maatii isaa itti himaa deema. Firoottan isaa kunis warra baadiyyaa jiraniin walquunnamuu isaaniitiin meeshaalee sabquunnamtii dinqisiifatan.

Obbo Bulbuloon akkuma mana ga'een televizyiinicha banatee ijoollee isaa waliin daawwachuu eegale. Oduu biyya keessaas ta'ee kan biyya alaa televizyiinicharraa dhaga'uu jalqabe. Maatiin Obbo Bulbuloos sirbootaafi do'iiwwan adda addaa telvizyiinichi dhiyeessutti bashannanuu eegalan. Ijoolleen ollaas mana Obbo Bulbulootii telvizyiinii daawwachuu eegalan.

Mucaan Aadde Bungulees mana Obbo Bulbulootti deddeebi'ee telvizyiinii daawwata. Yeroo tokko tokko ammoo achuma bula ture. Aadde Bunguleenis televizyiiniin odeeffannoo dabarsuufi sirboota adda addaatiin nama bashannansiisuu isaa beekti.

Obbo Bulbuloon ijoollees ta'e namoota gurguddaa warra televizyiinii daawwachuuf mana isaa dhufan nigorsa ture. Kan inni ijoollee gorsu warri isaanii akka telvizyiinii bitaniif akka isaan itti himanidha. Kanaaf ammoo akka ijoolleen maatii isaanii gargaaranii hojii hojjetan hubachiise. Warri gurguddaan ammoo yoo jabaatanii hojjetan midhaan nyaataarra darbanii telvizyiinii bitachuu akka danda'an itti hime.

Boqonnaa 4: Telvizyiinii Aadde Bungulee



Aadde Bunguleenis akka ijoolleen qe'eerra hinfagaanne taasisuurratti televizyiiniin gahee guddaa akka qabu hubatte. Gaafa tokko Aadde Bunguleen daldaltoota mana ishee dhufanitti xaafii gurguratte. Maallaqa xaafii itti gurgurte sana keessaas ijoollee ishiitii televizyiinii bituu barbaadde

Kanaafis, Aadde Bunguleen xaafii ishiis harreetti fe'attee ilma ishii fudhattee Magaalaa Shaashamannee dhaqxe. Magaalichatti xaafii ishii gurguratte. Maallaqa isaas kan duraan daldaltootatti gurguratteen walitti dabalte.

Ishiinis akka qarshiin ishii harkatti baay'ate argite. Kanaafis achuma dhaabattee fala falte. Kan ishiin faltes qarshii muraasa mana baankii keewwachuudha. Akkuma yaadde taasiste.

Erga gartokkoo maallaqa ishii mana baankii keewwattee booda, Aadde Bunguleen gara suuqii televizyiiniin itti gurguramuutti qajeelte. Akkuma achi geesseen akaakuu televizyiinii akka itti himan gaafatte. Sana keessaa kan humni ishii danda'uufi kan ishiitti miidhage bitatte.

Telvizyiinii ishiis harreetti fe'attee ilma ishee waliin manaatti galte. Akkuma mana ga'aniin televizyiinii bantee maatii ishii waliin daawwachuu eegalan. Mucaan ishii kan duraan televizyiiniif jecha mana Obbo Bulbulootii hinbaanes niboqote.

Ishiinis mucaa ishii gandarra deemtee barbaaduurraa aara galfatte. Aadde Bunguleenis dabaree ishii ijoolleefi namoota ollaa daawwachiisuu eegalte. Namoonni ollaa akkamiin akka televizyiinii bitatte gaafachuu eegalan.

Namoonni kun kallattii addaaddaaraa gava isheetti yaa'an Dabaree dabareedhaanis akkaa isheen mobaayilii itti bitatte gaafatan.

Aadde Bunguleenis qarshiin haajiraatu malee televizyiinii bitachuun salphaa akka ta'e itti himte. Namoonni gariin akka ishiin jara waliin magaalaa baate bittuuf kadhatan. Ishiinis tole jetteen. Namooni gariin ammoo ofuma isaaniitii dhaqanii bitachuuf murteessan.

Haala Kanaan jiraattonni ganda Aleeluu Iluu mobaayiliifi televiizyiinii bitatan. Meeshaalee sabquunnamtii kanaanis odeeffannoo wayitaawaa argachuu eegalan. Keessumaa mobaayiiliin ammoo firoottan isaanii alaala jiraaniin walquunnaman. Kanaanis tumsi meeshaaleen sabquunnamtii namaaf taasisu guddaa ta'uu isaa hubatan.

Gaaffiilee dubbisuun boodaa

1. Meeshaaleen subquunnamtii dubbisa kana keessatti dhiyaatan maalfa'i?

2. Mobaayilii maaltu telviizyiiniirraa adda taasisa?

3. Faayidaan televizyiiniifi mobaayilii maalii?

4. Osoo televizyiiniifi mobaayiliin hinjirree rakkoo maaliitu nama mudata jettee yaadda?

5. Mobaayilii mootelevizyiiniitu caalatti barbaachisaadha jettee yaadda?